Galaana Fitnaa

Description

Rakkoo booda tolti ni dhuftiAkkuma beeknu jiruun addunyaa iddoo qormaatati. Yeroo garii toltuun qoramna, yeroo biraa immoo rakkooleen qoramna. Dhugaa kanaa Qur'aana keessatti haala kanaan arganna: "Lubbuun hundi du'a ni dhandhamti. Isin qormaatuuf hamtuu fi wanta gaariin isin mokkorra. Garuma Keenyatti deebifamtu." Suuratu Al-Anbiyaa 21:35Rakkooleen nama qunnaman rakkoolee waligalaa (aamma) fi rakkoolee dhuunfaa (khaasa) jechuun bakka lamatti qoodun ni danda'ama. Rakkooleen wal-galaa rakkoo hawaasa guutuu qunnamaniidha. Kan akka kirkira lafaa, lolaa, hoonge, waraana, dhibee daddarbaa, fkn, koronaa, fi kkf. Kanniin keessaa tokko hawaasa keessatti yoo argame, kalattinis ta'i alkallattin nama hunda miidha. Rakkooleen dhuunfaa immoo rakkoo nama dhuunfaa qunnamuudha. Kan akka hiyyummaa, dhibee saffisaan hin daddarbine fi kkf dha. Rakkoon kuni namuma tokko ykn miseensa maatii qofa miidhu danda'a.Yeroo rakkooleen nama qunnaman namoonni dhama'iinsa guddaa keessatti lixu. Gara deeman wallaalu. Rakkoolee lamaan armaan olii keessaa rakkoon waraanaa biyya teenya muudataa jiru rakkoo wali galaa nama hundaa tuquudha. Kanaafu, qormaata kana keessaan darbuuf maaltu namarraa eeggamaa? Mee kitaaba kana haa ilaallu: https://sammubani.files.wordpress.com/2021/11/galaana-fitnaa.pdf



May be an image of text that says 'Galaana Fitnaa JIBRIL ABDALLA sammubani.com'

Date Created
November 2021
Author
admin